**Kutaa Dabalata Dubbifaman:**

Seera Ba'uu 34: 6-7; Macaafa Fakkeenyaa 28: 13; Isaayas 58: 8-11; Ermiyas 17: 9; Maatewos 3: 8, 9:13; Yohannis 5: 24; Yohannis 6: 47; Yohannis 8:36; Gara Warra Roomaa 3: 20-26, 4:1-6; Qorontos Isa Duraa 1: 30; Qorontos Isa Lammafaa 5: 17; Filiphisiiyus 3: 8-9; Qolosaayis 1: 19-20; Tiito 2: 11; Pheexros Isa Lammafaa 3:9

*Bareesaan: Steve Nelson*
*Waldaa Oromo Adventistii*
*Minisootaan Hiikame*

Oromo Seventh-day
Adventist Church of Minnesota
P.O.Box 6225
E-mail: osdacmn2001@aol.com
http://oromo22.adventistchurchconnect.org/



# FAYYINA

## DUBBISA

## WANGEELA KEESSAA

# FAYYINA

## Kutaa Kakuu Moofa Keessaa

Yommus ani cubbuu koo sitti nan himadhe, yakka koos ani hin dhoksine; ani, "Irra-daddarbaa koo Waaqayyotti nan himadha" nan jedhe; ati immoo yakka cubbuu kootiif anatti murame anaaf dhiifte*. Macaafa Faarfannaa 32:5
(Daawit mootichi cubbuu keenya Waaqayyo jalaa dhoksuu akka hin dandeenye nutti agarsiisa.Akkasumas cubbuu keenya haguuguudhaaf akka sababa hin barbaanne nutti mul'isa. Dhugumaan cubbuu keenyaaf dhiifama yoo gaafanne cubbuu keenyaa fi irra-daddarbaa keenya Waaqayyo nuuf ni dhiisa.) Ergaa Yohannis isa duraa 1: 9 (Cubbuu keenya yoo isatti himanne, inni amanamaa fi qajeelaa waan ta'eef, cubbuu keenya nuuf ni dhiisa, jal'ina keenya hundumaa irraa nu qulqulleessa. 1Yohannis 1:9 ilaala)

Namni irra-daddarbaa isaa dhokfatu, hin (guddatu) hiiqu; namni irra-daddarbaa isaa himatu, kan dhiisus garuu araara ni argata. Macaafa Fakkeenyaa 28: 13 (Cubbuu irraa dhugaatti irraa deebine dhiifama yoo gaafanne qofa araara kan argannu)

Isin warri handaara lafaa jiraattan hundinuu gara kootti deebi'aatii fayyina argadhaa! Ani Waaqayyo dha, ana malees kan biraa hin jiru. (Macaafa Isaayaas Raajichaa 45:23 (Ayyaana Waaqayyotiin fayyinee jireenya bara baraa ni arganna)

Namni kuush bifa isaa, qeerransis buburrina isaa geddaruu danda'aa ree?Akkasumas isin warri waan hamaa gochuu bartan, waan gaarii gochuu hin dandeessan. Macaafa Ermiyaas Raajichaa 13: 23 (Nuti uumama cubbaamaa ta'uu keenna jijjiiruu hin dandeenyu wanta gaarummaa of keessaa hin qabneef. Kan onnee keenna jijjiiruu danda'u Waaqayyo qofa.)

Waaqayyo fagootti anatti mul'atee, saba kanaan "Ani jaalala bara baraatiin si jaalladheera, kanaafan gaarummaa kootiin ofitti si dhi'eesse. Macaafa Isaayaas Raajichaa (Nuun cubamoota. Waaqayyo jaalala isaa irraa kan ka'e nu barbaadee ofii isaatti nu deebisa)

**Kutaa Kakuu Haaraa Keessaa**

Isheen ilma ni deessi; atis maqaa isaa Yesuus jettee ni moggaafta, inni ofii isaatii saba isaa cubbuu isaaniitii isaan ni fayyisa. Wangeela Maatewos 1:21 (Yesuus qofa kan humna ceephoo cubbuu irraa nama furu, ofii aarsaa ta'udhaan abdii jireenya bara baraa kan namaaf kennu.)

Yaada garaa geddarrachuun keessan ija gaarii haa godhatu.Wangeela Maatewos 3: 8 (Jaalala Kristoos yoo qabaanne wanta inni nu gaafatu hundaa akka hojjennu nu kakaasa. Innis seeroota isaa eegu dabalata. Iji isa jaallachuu kana fakkaata. Har'a akka Iyyeesuus ta'uu ni barbaadduu?)

Cubbamaan tokko yaada garaa isaa geddaratee gara Waaqayyotti yommuu deebi'u ergamoonni Waaqayyoo bakka jiranitti gammachuutu ta'a. Wangeela Luqaas 15:10 (Samiin guutuun sababa nama tokkoof ni gammadu.)

Hamma isa simataniif immoo ijoollee Waaqayyo akka ta'aniif aboo isaaniif kenne; isaanis warra maqaa isaatti amanani dha. Wangeela Yohannis 1:12 (Yeroo Yesuusiin laphee keenyatti simannu, inni gara isa fakkachutti nu jijjiira. Haalli kunis immoo yaadni keenyaa fi fedhiin keenya kan isa waliin akka wal-fakkaatu godha.)

….Eenyu illee bishaanii fi hafuura qulqulluuttii yoo dhalachuu dhabaate mootummaa Waaqayyotti galuu hin danda'u. Wangeela Yohannis 3:5 (Jireenya bara baraa argachuudhaaf laphee haaraa Waaqayyo akka nu keessatti uumu eyyamuu nu barbaachisa akkasumas akka Iyyesuusitti cuuphamuu qabna.)

Egaa yaada garaa keessanii geddaradhaa, inni cubbuu keessan akka isiniif haxaa'utti gara Waaqayyotti deebi'aa. Hojii Ergamootaa 3: 19 (Osoo yeroo qabnuu gara Yesuus dhufnee jireenya haaraa isaan argachuu ni dandeenya)

Fayyinnis Yesuus Kristoos duwwaadhaan malee, kan biraatiin tokko illee hin jiru; maqaan kan biraa ittiin fayyuun kan nuuf ta'u waaqa jalaa ilmaan namootaaf hin kennamne. Hojii Ergamootaa 4: 12 (Yesuusiin akka gooftaa fi fayyisaatti fudhachu qofaan jireenya bara baraa arganna).

Hundinuu yakkaniiru ulfinni Waaqayyos isaanitti hir'ateera. Gara Warra Roomaa 3: 23. (Namni hundinu cubbamaa waan ta'eef fayyinsa ni barbaada)

Waaqayyo garuu, utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kirstoos nuuf du'uu isaatiin hammam akka nu jaallate ni argisiisa. Gara Warra Rommaa 5: 8 (Jaalalli Waaqayyo nuuf qabu utuu nuti isa hin jaallatin eegale. Osoo nuti bannee cubbuu keessatti kufnee jirruu, inni cubbuu keenyaaf jedhee du'e.)

Isa cubbuu tokko illee hin qabne nuti karaa isaa qajeelina Waaqayyoo akka argannutti nuuf jedhee cubbamaa isa ta'e dha. 2 Gara Warra Qorontos 5: 21 (Ilma Waaqayyoo isa cubbuu hin qabne qofatu qajeelina keenyaaf gatii basee humna hafuura qulqulluun keessa keenya buufatee qulqulloota nu taasise)

…..wanta seerri isa irraa barbadu gochuudhaan Waaqayyo duratti qajeelaa ta'ee akka hin lakkaa'amne ni beekna. Gara Warra Galaatiyaa 2:16 (Hojiin keenya inni gaariin jireenya bara baraa nuu kennuu hin danda'u. Sababni isaa hojii gaariif jireenyi bara baraa lameenuu kennaa Waaqayyooti.)

Cubbuu keenya yoo isatti himanne inni amanamaa fi qajeelaa waan ta'eef cubbuu keenya nuuf ni dhiisa, jal'ina keenya hundumaatiis nu qulleessa. Ergaa Yohannis isa duraa 1:9. (Yesuus akka cubbuu kee siif dhiisuuf jireenya kee akka to'atu gaafadhu.)